

# **Galmees Sadarkaa Hiyyummaa Salphaa Itoophiyaa Simple Poverty Scorecard® Poverty-Assessment Tool**

Mark Schreiner  
Waxabajjii 13 2016 (A.L.A.)

Sanadni kun SimplePovertyScorecard.com irratti Afaan Oromootiin ni argama.

**እዚ ሰነድ እዚ ኣብ SimplePovertyScorecard.com ብትግርኛ ይርከብ።**

**ይህ ሰነድ SimplePovertyScorecard.com ላይ በአማርኛ ይገኛል።**

This document is in English at SimplePovertyScorecard.com.

## **Qabiyyee**

Galmeen Sadarkaa Hiyyummaa Salphaa ta'e kun maatiin tokko galiin isaa sarara hiyyummaa kenname tokkoo gadi ta'uu isaa tilmaamuuf, agarsiistota galii gadi aanaa gamaaggama itti fayyadama wantoota garaagaraafi baasii maatiiwwanii Itoophiyaa bara 2010/11 (A.L.A.) irratti caqasaman saddeet gargaarama. Hojjettoonni dirree deebii namoonni kennan daqiiqaa kudhan keessatti sassaabuu danda'u. Sarara hiyyummaa beekuuf galmeen kun sirrii ta'uun isaa ni gabaafama. Galmeen kun sagantaawwan Itoophiyaa keessatti hiyyeeyyii deggeruuf adeemsifaman sadarkaa hiyyummaa safaruu, jijjiirama sadarkaa hiyyummaa irratti yeroo booda mul'ate beekuufi deggersa ta'e tokko argachuu kan qabu eenyu akka ta'e adda baasuu akka danda'an isaan gargaara.

## **Madda ragaa lakkoofsaa**

Barreeffamni kun odeeffannoo 2010/11tti (A.L.A.) qophaa'e kan fayyadame si'a ta'u, isa Shireynariifi Cheen ragaa 2004/5 (A.L.A.) fayyadamanii bara 2009tti (A.L.A.) qopheessan kan bakka bu'udha. Ammaa booda hojii irra ooluu kan qabu galmees haaraa bara 2010/11tti (A.L.A.) qophaa'e kanadha. Ragaan galmees 2004/5tiif (A.L.A.) akka maddaatti tajaajile galmees haaraa bara 2010/11tiifis (A.L.A.) ragaa ta'ee waan tajaajileef, qaamonni galmees kana fayyadamaa turan yaanni barreeffamicha keessatti ibsame hamma isaan hin dhorkinetti qajeelfama galmees duraa kan bara 2004/5 (A.L.A.) irra ture fayyadamanii jijjiirama yeroo booda argame safaruufi galmees haaraa bara 2010/11 (A.L.A.) fayyadamanii hordoffii geggeessuu danda'u.

## **Galata**

Ragaan kan argame Ejansii Istaatistikisii Giddugaleessaa Itoophiyaa irraati. Woldaay Ammahaa, Waldaa Dhaabbilee Maayikiroo Faayinaansii Itoophiyaa, Maawardii Abdurhamaaniifi Toom Show galateeffachuu barbaanna. Sanada kana gara Afaan Oromooti kan hiike Gurmoo Fayyisaa (gfeyissa0514@gmail.com) dha. Gara Afaan Oromooti kan hiikame hoggansa Yo'aadaan Girmaatiinidha. (yoadangir@yahoo.com). "Simple Poverty Scorecard" is a Registered Trademark of Microfinance Risk Management, L.L.C. for its brand of poverty-assessment tools. Copyright © 2016 Microfinance Risk Management.

## Galmee Sadarkaa Hiyyummaa Salphaa

Mallattoo addaa gaafannichaa: _____	<u>Maqaa</u>	<u>Mallattoo addaa</u>
Guyyaa gaaffannoo: _____	Hirmaataa: _____	_____
Biyya: <u>ETH</u>	Hojjetaa dirree: _____	_____
Galmee: <u>002</u>	Bakka tajaajilli itti kennamu: _____	_____
Ulfaatina Saamudaa: _____	Baay'ina miseensota maatii: _____	_____

<b>Agarsiistuu</b>	<b>Deebii</b>	<b>Qabxii</b>	<b>Score</b>
1. Maatichi miseensota meeqa qaba?	A. Torba ykn isaa ol B. Ja'a C. Shan D. Afur E. Sadii F. Lama G. Tokko	0 7 11 18 25 38 47	
2. Abbaan warraa barreessuufi dubbisuu ni danda'aa?	A. Maatichi abbaa warraa hin qabu B. Lakki C. Eeyyee	0 2 6	
3. Haati warraa (isheen guddoon) dubbisuufi barreessuu ni dandeessii?	A. Maatichi haadha warraa hin qabu B. Lakki C. Eeyyee	0 5 12	
4. Nyaata bilcheessuudhaaf adda durummaadhaan maalitti fayyadamu?	A. Qoraan, cilee ykn haftee midhaanii/baala B. Dhoqee horii/kubatii C. Sagaaturaa, gaazii adii, buttaa gaazii, elektiriikii, humna aduu, baayoo gaazii, homaa hin fayyadaman ykn wanta kan biraa fayyadamu	0 4 9	
5. Maatichi yeroo ammaatti firaashiiwwan qabaa?	A. Lakki B. Eeyyee	0 5	
6. Maatichi yeroo ammaatti raadiyoo/raadiyoofi teeppii walitti ykn teeppii qabaa?	A. Lakki B. Eeyyee	0 7	
7. Maatichi yeroo ammaatti gaabii meeqa qaba?	A. Homaa hin qabu B. Tokkko C. Lama ykn isaa ol	0 3 6	
8. Maatichi qonnaa ni qota taanaan yeroo ammaatti maarashaa qabaa?	A. Hin qotu B. Ni qota, garuu maarashaa hin qabu C. Ni qota, maarashaas qaba	0 6 8	

## Fuula Duubaa Sanadichaa: Miseensummaa Maatii

Irrakeessa galmichaa irratti mallattoo addaa gaafannichi ittiin beekamu (kan beekamu yoo ta'e), guyyaa gaafannoon itti taasifame, ulfaatina saamudaa hirmaataa (kan beekamuu yoo ta'e) barreessi. Achiis maqaafi lakkoofsa addaa hirmaatichi ittiin beekamu (nama deebii sii kenne ta'uu dhiisuu danda'a), akkasumas maqaa hojjetaa dirree jechuunis maqaa kee, akkasumas bakka tajaajilaa hirmaatichi fayyadamu galmeessi.

Kan armaan gadii nama deebii sii kennuuf dubbisi: *Maqaan ykn maqaan masoo miseensota maatii keessanii eenyu fa'i? Maatiin waldaa hawaasaa namoota karaa dhiigaa ykn gaa'elaa firooma qabaachuu baatanis mana tokko keessa waliin jiraataniifi waliin bilcheessanii nyaatan of keessatti qabate dha.*

Namoonni yeroodhaaf maatichaa wajjin hin jirre, maaticha irraa adda ba'anii kan turan ji'a ja'aa gadiif qofa taanaan akka miseensa maatii sanaatti galmeessi. Namoota yeroo ammaatti maatichaa wajjin jiraniifi maatichaa wajjin ji'a ja'aafi isaa ol turanis bakka jireenyaa kan biraa dhaabbataa hin qaban taanaan akka miseensa maatichaatti galmeessi.

Gara fuulduraatti waan si gargaaruuf abbaan warraa eenyu akka ta'e (yoo jiraate) akkasumas haati warraa eenyu akka taate (yoo jiraatte) yaadannoo qabadhu.

Lakkoofsa miseensota maatii lakkaa'itii irra keessa galmichaa irratti bakka "Baay'ina miseensota maatii" jedhu biratti barreessi. Achiis deebii siif kenname irratti hundaa'uudhaan agarsiistuu galmichaa jalqabaa irratti mallattoo godhi.

Yeroo hunda hiika maatiifi miseensota maatiidhaaf "Qajeelfama Agarsiistota Galmees Hiikuuf Gargaaru" irratti kenname yaadadhu.

<b>Maqaa ykn Maqaa Masoo</b>
1.
2.
3.
4.
5.
6.
7.
8.
9.
10.
12.
13.
14.
15.
<b>Baay'ina miseensota maatii:</b>

**Chaartii *scores* ilaaluudhaan saaxilama hiyyummaa  
beekuuf gargaaru:  
Sararoota biyyaalessaa**

<i>Score</i>	Saaxilama hiyyummaa (%)			
	Sararoota hiyyummaa biyyaalessaa			
	Nyaata	100%	150%	200%
0–4	15.1	74.8	98.0	100.0
5–9	15.1	74.8	98.0	99.0
10–14	14.7	57.4	88.0	95.4
15–19	10.6	52.2	83.1	93.9
20–24	6.6	47.0	77.7	92.2
25–29	4.1	36.5	74.4	89.8
30–34	3.3	31.8	68.4	87.3
35–39	1.6	25.8	63.5	83.4
40–44	1.0	16.1	50.4	78.2
45–49	0.6	12.3	45.2	69.4
50–54	0.6	11.9	39.0	64.1
55–59	0.3	8.4	31.7	59.8
60–64	0.1	4.5	23.0	45.1
65–69	0.1	3.1	15.0	31.3
70–74	0.0	2.7	11.7	25.0
75–79	0.0	1.4	4.1	15.7
80–84	0.0	0.9	2.8	11.2
85–89	0.0	0.9	2.0	6.5
90–94	0.0	0.0	0.0	0.0
95–100	0.0	0.0	0.0	0.0





# Qajeelfama Agarsiistota Galmee Hiikuuf Gargaaru

Yaadawwan asirratti ibsaman maddawwan armaan gadii irraa fudhataman:

Ejansii Istaatistiksii Giddugaleessaa, 2011 (A.L.A.) “Qajeelfama Ragaa Sassaabdootaa To’annoo Nageenya Hawaasaa Bara 2011 (A.L.A.)”, [Qajeelfama Isaa] (Amaariffaan kan qophaa’e)

fi

Ejansii Istaatistiksii Giddugaleessaa, 2011 (A.L.A.) “Gaafannoo To’annoo Nageenya Hawaasaa Bara 2011 (A.L.A.)”, [Gaafannoo Isaa].

Haalli sanada kana irratti ibsi irratti hin kennamne yoo mudate namni ragaa sassaabu dandeettii yaaduu isaatti fayyadamee akka murteessu isa irraa eegama. Ejansiin Istaatistiksii Giddugaleessaa Itoophiyaa Qajeelfama Ragaa Sassaabdootaa To’annoo Nageenya Hawaasaa Bara 2011tti (A.L.A.) qophaa’e irratti adeemsa akkasii fayyadame. Kana jechuun dhaabbanni Galmee Sadarkaa Hiyyummaa Salphaa fayyadamu hiikawwaniifi seerawwan “Qajeelfama” kana irra jiraniin alatti kan ofii isaa qopheessee hojjetoota dirreetiif kennuu hin qabu jechuu dha. Wanta “Qajeelfama” kana irratti ifatti hin ibsamne irratti namni ragaa sassaabu dandeettii yaaduu isaatti fayyadamee akka murteessu isaaf dhiisameera.

Dhugaa dhubbachuuf kun haala akkasii hiikuudhaaf mala filatamaa miti. Haata’u malee ejansichi Qajeelfama Ragaa Sassaabdootaa To’annoo Nageenya Hawaasaa Bara 2011 (A.L.A.) ilaalchisee lenjii kenne irratti furmaanni inni dhiheesse kana ture. Kanaaf filaannoon kana irra wayyu hin jiru.

## **Qajeelfama waliigalaa gaaffilee galmicha irra jiran gaafachuuf gargaaru**

Jalqaba qajeelfama “Fuula Duubaa Sanadichaa” irra jiru fayyadamuudhaan wantoota irra keessa galmichaafi “Fuula Duubaa Sanadichaa” irra jiran guuti.

Kallattiidhaan agarsiistuu galmichaa isa jalqabaa (“Maatichi miseensota meeqa qaba?”) hin gaafatin. Kanaa mannaa odeeffannoo “Fuula Duubaa Sanadichaa” irratti guutame fayyadamuudhaan deebii isa kam irratti mallattoo akka taasiftu adda baafadhu. Kana malees irra keessa galmichaa irratti bakka “Baay’ina Miseensota Maatii” jedhu biratti lakkoofsa miseensota maatii guutuu qabda.

Filannoowwan deebii gaaffiiwwan jala jiran hin dubbisin. Gaafficha qofa dubbisiitii takka dhaabadhu; achiis deebii nama sanaa eegi.

Akka waliigalaatti, deebii namni sun sii kennu fudhachuu qabda. Haata’u malee, namni sun wanta sirrii hin taane akka dubbate yoo hubatte ykn namni deebii kennu mirkanaa’aa akka hin taane ykn akkamitti deebisuu akka qabu akka hubatu isa gargaaruun akka barbaachisu yoo hubatte, gaafficha irra deebitee isaaf dubbisuufi “Qajeelfama” irratti hundaa’uudhaan gargaarsa barbaachisaa fakkaatee sitti mul’ate isaaf taasisuu qabda.

Agarsiistota Galmees Sadarkaa Hiyyummaa Salphaa irra jiran qulqulleeffachuun kan danda’amu ta’us, akka waliigalaatti deebii namoonni kennan hunda qulqulleeffachuun barbaachisaa miti. Qulqulleeffamuu kan qabu wanta deebiin isaa sirrii akka hin taane argisiisu yoo jiraateefi qulqulleeffachuun qulqullina ragichaa irratti jijjiirama kan fidu yoo ta’e qofadha.

Fakkeenyaaf, namni deebii kennu yoo mame, miirri jeeqamuu yoo isarratti mul’ate ykn akka inni sobe ykn bitaa isatti ta’e mallattoo argisiisu yoo argite qulqulleeffachuu dandeessa. Haaluma walfakkaatuun daa’imni maaticha keessa jiru ykn ollaadhaa dhufe wanta namni deebii sii kenne dubbatee wajjin wal hin simne yoo dubbate qulqulleeffachuun barbaachisaa ta’uu danda’a.

Kana malees wanta ta’e tokko yoo argite, fakkeenyaaf meeshaa dhaabbataa namni deebii sii kenne hin qabu jedhe yoo argite ykn daa’imni akka miseensa maatichaatti hin lakkaa’amne mana keessa taa’ee utuu nyaatuu yoo argite kun deebiin sii kenname sirrii akka hin taane kan argisiisu ta’uu waan danda’uuf qulqulleeffachuun gaariidha.

Akka waliigalaatti akkaataan Galmees Sadarkaa Hiyyummaa Salphaa itti guuttu adeemsa ejansiin istaatiistiksii To’annoo Nageenya Hawaasaa Bara 2011 gaggeesse irratti itti fayyadamee wajjin hamma danda’ametti walfakkaachuu qaba. Fakkeenyaaf qorannoon sun kan adeemsifame mana hirmaattotaa keessatti waan ta’eef gaafannoon sadarkaa hiyyummaas mana hirmaataa keessatti adeemsifamuu qaba.

### **Hiika gaaffilee:**

To’annoon Nageenya Hawaasaa Bara 2011 (A.L.A.) Ingiliffa irraa kan hafe hojii qajeelfama qorannoo gara afaan biraatti hiikuu nama ragaa sassaabuuf dhiise (hiiktonni naannoo isaanii jiran isaan gargaaranii ta’uu danda’a). Wanti hiikamuu qabu yeroo mudatu ariitiidhaan hiikamee ta’uu akka danda’u ifadha.

Akka waliigalaatti Galmeen Sadarkaa Hiyyummaa Salphaa, adeemsa ejansiin istaatiistiksii To’annoo Nageenya Hawaasaa Bara 2011 (A.L.A.) gaggeesse irratti itti fayyadamee wajjin walfakkaatu kan fayyadamu ta’us, gara afaanota Itoophiyaa keessatti bal’inaan dubbatamanii (kan akka Amaariffa, Afaan Oromoofi afaanota kaanii) yeroo hiikamu sadaarkaa isaa eegee qulqullinaan hojjetamuu qaba.



Sanadichi akka gaariitti hiikamuu baannaan namoonni ragaa sassaaban yaada isaa karaa garaagaraatiin hiikuufi ibsuu waan danda'aniif qulqullina ragichaa irratti miidhaa geessisuu danda'a. Hojiin hiikkaa kamiyyuu To'annoo Nageenya Hawaasaa Ingiliffaan qophaa'e irra yaada jiru sirriitti dabarsuu qaba. Dhaabbileen galmee kana loqodaafi afaan garaagaraa Itoophiyaa keessatti dubbatamaniin gargaaraman qindoomina uumuudhaan hiikkaan tokko akka isaaniif qophaa'u taasisuun isaanii filatamaadha.

### **Geggeessaan maatichaa eenyu dha?**

Qajeelfama kana Kutaa 2.2 (G) irratti akkuma ibsame geggeessaan maatii “dhiira ykn dubartii maaticha keessa jiru/jirtuufi miseensota maatichaa kaan biratti akka geggeessaatti ilaalamu/ilaalamtudha.

“Namni haadha manaa baay'ee qabu, yeroo inni haadholii manaa isaa hundaa wajjin dabarsu walqixxee yoo ta'eefi haadholiin manaa isaa mana garaagaraa keessa kan jiraatan yoo ta'e, namichi akka geggeessaa maatiitti kan ilaalamu mana haadha manaa isaa ishee jalqabaa keessatti qofadha.” [Haata'u malee namni haadha manaa baay'ee qabu yeroo inni haadholii manaa isaa hundaa wajjin dabarsu walqixxee miti taanaan, akka geggeessaatti kan ilaalamu maatii haadha manaa isaa inni yeroo baay'ee wajjin dabarsuu keessatti qofadha.]

## Qajeelfama agarsiistota galmichaa kallattiidhaan gaafatan ilaalchisee kenname

1. Maatichi miseensota meeqa qaba?
  - A. Torba ykn isaa ol
  - B. Ja'a
  - C. Shan
  - D. Afur
  - E. Sadii
  - F. Lama
  - G. Tokko

Qajeelfamicha irratti Kutaa 2.2 irratti akkuma ibsame, maatii kan jedhamu “namoota (tokko ykn isaa ol ta'uu danda'a) karaa dhiigaa ykn gaa'elaa firooma qabaachuu baatanis mana ykn qe'ee tokko keessa waliin jiraatan, akkasumas bakka tokkotti nyaata bilcheessaniifi waliin nyaatani dha. Namoonni karaa dhigaas ta'e gaa'elaa maatichaa wajjin firooma qabaachuu baatanis maatichaa wajjin jiraatan (kan hojjettoota manaafi waardiyyootaa) maatichaa wajjin kan jiraataniifi kan nyaatan taanaan akka miseensota maatichaatti lakkaa'amu.

“Maatiin tokko miseensa tokko ykn isaa ol qabaachuu danda'a. Fakkeenyaaf, namni kophaa isaa jiraatu akka maatii miseensa tokko qabuutti lakkaa'ama.

“Namni maaticha biraa erga deemee ji'a ja'a ykn isaa ol isa ta'e ykn namni yeroodhaaf maatichaa wajjin hin jirreefi maaticha irraa fagaatee ji'a ja'afi isaa oliif akka turu yaadamu akka miseensa maatichaatti hin lakkaa'amu. Haluma walfakkaatuun namni maatii gaafannoon godhamuuf dhiisee maatii kan biraatti makame maaticha irraa erga adda ba'ee ji'a ja'a guutuu baatus akka miseensa maatii gaafannoon godhamuuf sanaatti hin lakkaa'amu.

“Maatiin abbaa manaa, haadha manaa, ijoollee isaanii, ijoollee guddifachaa, firoota isaanii fi namoota firoota hin taane (kan akka hojjettoota manaa) kan qabate dha.

“Namni tokko haadha manaa tokkoo ol yoo qabaateefi haadholiin manaa isaa (akkasumas ijoolleen haadholii manaa isaa, firoomni isaaniifi k.k.f.) mana ykn qe'ee tokko keessa kan hin jiraanne ykn wajjiniin kan hin bilcheessineefi kan hin nyaanne yoo ta'e, akkasumas abbaan manaa haadholii manaa isaa duukaa yeroo walqixxee kan dabarsu yoo ta'e gaggeessaa maatii haadha manaa isaa jalqabaa akka ta'etti ilaalama. Haadholiin manaa isaa kaan, ijoolleen isaaniifi k.k.f. akka maatii kan biraatti ilaalamu. Abbaan manaa maatiiwwan kana hunda kan deggeru ta'us akka miseensa maatichaatti hin lakkaa'amu. Karaa biraatin immoo, abbaan manaa maatii tokkoo ol kan deggeru ta'us yeroo isaa harka caalaa kan dabarsu maatii isa tokkoo wajjin yoo ta'e

(fakkenyaaf, maatii haadha manaa isaa ishee haaraa) miseensa maatii yeroo baay'ee wajjin dabarsu kanaa akka ta'etti ilaalama.

“Maatiin lama ykn isaa ol mana tokko keessa jiraachuu danda’a.

“Namni maatii tokkoo wajjin itti fufiinsaan ji’a ja’a ykn isaa ol jiraate ykn namni yeroo ammaatti maatichaa wajjin jiraachaafi nyaachaa jiruufi isaanii wajjin ji’a ja’afi isaa ol jiraachuuf yaadu akka miseensa maatichaatti lakkaa’ama. Kana malees namoonni reefuu gaa’eela godhataniifi daa’imni reefuu dhalate maatichatti reefuu kan makamaniifi maatichaa wajjin haala dhabbataa ta’een akka jiraatan kan yaadaman maatichaa wajjin kan jiraatan ji’a ja’a gadi ta’us akka miseensa maatichaatti lakkaa’amu.

“Kan armaan gadii miseensota maatii kan jedhaman keessaa ti:

- Nama guyyaa gaafannoon taasifame dura ji’a ja’aafi isaa ol maatichaa wajjin jiraachaafi nyaachaa ture
- Nama erga dhufee ji’a ja’a isa guutuu baatus yeroo ammaatti maatichaa wajjin jiraachaafi nyaachaa jiruufi yoo xinnaate ji’a ja’aaf maatichaa wajjin akka turu yaadamu
- Hojjettoota manaa mana maatichaa jiraataniifi maaatii itti deebi’an kan biraa hin qabne
- Namoota yeroo hunda maatichaa wajjin nyaataniifi jiraataniifi guyyaa gaafannoon taasifametti yeroodhaaf maaticha bira hin jirre. Namoonni akkasii tarii boqonnaadhaaf iddoo biraa dhaqanii, hospitaala ciisanii, hojiidhaaf bakka biraa dhaqanii ykn fira dubbisuu dhaqanii ta’uu danda’a
- Nama guyyaa gaafannoon taasifametti maatichaa wajjin jiraachaafi nyaachaa jiruufi bakka jiraatu ykn itti deebi’u kan biraa hin qabne. Kun namoota mana hin qabne, iddoo garaagaraatti sosocho’anii jiraataniifi guyyaa gaafannoon taasifametti maatichaa wajjin turan ni dabalata
- Barattoonni guyyaa guyyaatti mana barumsaa dhaqan miseensa maatii wajjiniin jiraatanii akka ta’anitti ilaalamu. Ijoolleen warra/maatii isaanii irraa adda ba’aniifi mana barumsaa idilee, koolleejii, yunivarsiitiifi k.k.f. jiraachaa barumsa isaanii hordofan akka miseensota maatii warra isaaniitti hin lakkaa’aman. Haaluma walfakkaatuun ijoolleen mana barumsaa keessa jiraachaa baratan ykn maatii isaanii irraa adda ba’anii kireeffatanii ykn firaa wajjin jiraatan, maatii isaanii torban torbaniin ykn yeroo murtaa’etti kan gaafatan ykn maatiin isaanii nyaata kan isaaniif geessu ta’us, akka miseensota maatii warra isaaniitti hin lakkaa’aman. Kanaa mannaa, akka miseensota maatii wajjiniin jiraachaa jiranii akka ta’anitti lakkaa’amu

2. Abbaan warraa barreessuufi dubbisuu ni danda'a?
- A. Maatichi abbaa warraa hin qabu
  - B. Lakki
  - C. Eeyyee

Qajeelfamichi akka jedhutti, namni deebii kennu abbaan warraa maatichaa barreessuufi dubbisuu ni danda'a yoo siin jedhe "C. Eeyyee" isa jedhutti mallattoo godhi. Namni deebii kennu abbaan warraa maatichaa barreessuufi dubbisuu hin danda'u yoo siin jedhe "B. Lakki" isa jedhutti mallattoo godhi. Dhumarrattis maatichi abbaa warraa hin qabu taanaan "A. Maatichi abbaa warraa hin qabu" isa jedhutti mallattoo godhi.

Abbaan warraa dubbisuufi barreessuu ni danda'a jechuun, afaan ta'e tokkoon barreessuufi dubbisuu ni danda'a jechuudha. Namoota maqaa isaaniifi lakkoofsota qofa barreessan barreessuufi dubbisuu ni danda'u jedhanii galmeessuun sirrii miti. Namoota barreeffamoota amantii irra deddeebi'anii dubbataniifi sammuu qabatanis barreessuufi dubbisuu ni danda'u jechuun sirrii miti.

"Sanada Fuula Duubaa" yeroo guutetti yaadannoo qabatte irratti maqaa abbaa warraa (ykn abbaan warraa jiraachuuf dhiisuu isaa) galmeeffattee akka turte yaadadhu. Kanaafuu, maatichi abbaa warraa qabaannaan "Abbaan warraa barreessuufi dubbisuu ni danda'aa" jettee gaafachuu manna, maqaa abbaa warraa sanaa fayyadami; fakkeenyaaf "Tasfaayeen barreessuufi dubbisuu ni danda'aa" jedhii gaafadhu. Maatichi abbaa warraa hin qabu taanaan immoo gaaficha hin gaafatin; "A. Maatichi abbaa warraa hin qabu" isa jedhu irratti mallattoo godhiitii agarsiistuu isa ittaanutti darbi.

Galmees Sadarkaa Hiyyummaa Salphaa irratti abbaan warraa akka armaan gadiitti ibsame:

- Geggeessaa maatii; gaggeessaan maatichaa dhiira yoo ta'e
- Geggessituun maatichaa dubartii taanaan, hiriya gaa'elaa gaggeessaa maatii
- Hin qabu; geggeessituun maatichaa dubartii yoo taateefi hiriya gaa'elaa miseensa maatichaa ta'e hin qabdu yoo ta'e

Deebii namni deebii kennu sii kenne fudhadhu. Fakkeenyaaf, barreeffama waraqaa irra jiru isatti argisiisuudhaan abbaan warraa dubbisuu danda'uu isaa qoruuf hin yaalin.

Qajeelfama kana Kutaa 2.2 (G) irratti akkuma ibsame, gaggeessaan maatii “dhiira ykn dubartii maaticha keessa jiru/jirtuufi miseensota maatichaa kaan biratti akka geggeessaatti ilaalamu/ilaalamtudha.

“Namni haadha manaa baay’ee qabu, yeroo inni haadholii manaa isaa hundaa wajjin dabarsu walqixxee yoo ta’eefi haadholiin manaa isaa mana garaagaraa keessa kan jiraatan yoo ta’e, namichi akka geggeessaa maatiitti kan ilaalamu mana haadha manaa isaa ishee jalqabaa keessatti qofadha.” [Haata’u malee namni haadha manaa baay’ee qabu yeroo inni haadholii manaa isaa hundaa wajjin dabarsuu walqixxee miti taanaan, akka geggeessaatti kan ilaalamu maatii haadha manaa isaa inni yeroo baay’ee wajjin dabarsuu keessatti qofadha.]

3. Haati warraa (isheen guddoon) dubbisuufi barreessuu ni dandeessii?
- A. Maatichi haadha warraa hin qabu
  - B. Lakki
  - C. Eeyyee

Qajeelfamichi akka jedhutti, namni deebii kennu haati warraa maatichaa barreessuufi dubbisuu ni dandeessi yoo siin jedhe “C. Eeyyee” isa jedhutti mallattoo godhi. Namni deebii kennu haati warraa maatichaa barreessuufi dubbisuu hin dandeessu yoo siin jedhe “B. Lakki” isa jedhutti mallattoo godhi. Dhumarrattis maatichi haadha warraa hin qabu taanaan “A. Maatichi haadha warraa hin qabu” isa jedhutti mallattoo godhi.

Haati warraa dubbisuufi barreessuu ni dandeessi jechuun, afaan ta’e tokkoon barreessuufi dubbisuu ni dandeessi jechuudha. Namoota maqaa isaaniifi lakkoofsota qofa barreessan barreessuufi dubbisuu ni danda’u jedhanii galmeessuun sirrii miti. Namoota barreeffamoota amantii irra deddeebi’anii dubbataniifi sammuutti qabatanis barreessuufi dubbisuu ni danda’u jechuun sirrii miti.

“Sanada Fuula Duubaa” yeroo guutetti yaadannoo qabatte irratti maqaa haadha warraa (ykn haati warraa jiraachuuf dhiisuu ishee) galmeeffattee akka turte yaadadhu. Kanaafuu, maatichi haadha warraa qabaannaan “Haati warraa barreessuufi dubbisuu ni dandessii?” jettee gaafachuu manna, maqaa haadha warraa sanaa fayyadami; fakkeenyaaf “Ababaan barreessuufi dubbisuu ni dandeessii” jedhii gaafadhu. Maatichi haadha warraa hin qabu taanaan immoo gaaficha hin gaafatin; “A. Maatichi haadha warraa hin qabu” isa jedhu irratti mallattoo godhiitii agarsiistuu isa ittaanutti darbi.

Galmees Sadarkaa Hiyyummaa Salphaa irratti haati warraa akka armaan gadiitti ibsamte:

- Geggeessituun maaticha dubartii taanaan gaggeessituu maatichaa
- eaggessaan maatichaa dhiira yoo ta’e hiriya gaa’elaa gaggeessaa maatii
- Hin qabu; geggeessaan maatichaa dhiira yoo ta’eefi hiriya gaa’elaa miseensa maatichaa taate hin qabu yoo ta’e

Deebii namni deebii kennu sii kenne fudhadhu. Fakkeenyaaf, barreeffama waraqaa irra jiru isheetti argisiisuudhaan haati warraa dubbisuu danda’uu ishee qoruuf hin yaalin.

Qajeelfama kana Kutaa 2.2 (G) irratti akkuma ibsame, gaggeessaan maatii “dhiira ykn dubartii maaticha keessa jiru/jirtuufi miseensota maatichaa kaan biratti akka geggeessaatti ilaalamu/ilaalamtudha

“Namni haadha manaa baay’ee qabu, yeroo inni haadholii manaa isaa hundaa wajjin dabarsu walqixxee yoo ta’eefi haadhooliin manaa isaa mana garaagaraa keessa kan jiraatan yoo ta’e, namichi akka geggeessaa maatiitti kan ilaalamu mana haadha manaa isaa ishee jalqabaa keessatti qofadha.” [Haata’u malee namni haadha manaa baay’ee qabu yeroo inni haadholii manaa isaa hundaa wajjin dabarsuu walqixxee miti taanaan, akka geggeessaatti kan ilaalamu maatii haadha manaa isaa inni yeroo baay’ee wajjin dabarsuu keessatti qofadha.]

4. Nyaata bilcheessuudhaaf adda durummaadhaan maalitti fayyadamu?
- A. Qoraan, cilee ykn haftee midhaanii/baala
  - B. Dhoqee horii/kubatii
  - C. Sagaaturaa, gaazii adii, buttaa gaazii, elektiriikii, humna aduu, baayoo gaazii, homaa hin fayyadaman ykn wanta kan biraa fayyadamu

Qoraan ibiddaa isa bitamus ta'e isa funaanamu kan dabalatu dha.

Qajeelfamichi agarsiistuu kana irratti odeeffannoo dabalataa hin qabu.



5. Maatichi yeroo ammaatti firaashiiwwan qabaa?

A. Lakki

B. Eeyyee

Qajeelfamichi agarsiistuu kana irratti odeeffannoo dabalataa hin qabu.

6. Maatichi yeroo ammaatti raadiyoo/ raadiyoofi teeppii walitti ykn teeppii qabaa?
- A. Lakki
  - B. Eeyyee

Qajeelfamichi agarsiistuu kana irratti odeeffannoo dabalataa hin qabu.

7. Maatichi yeroo ammaatti gaabii meeqa qaba?

A. Homaa hin qabu

B. Tokkko

C. Lama ykn isaa ol

Qajeelfamichi agarsiistuu kana irratti odeeffannoo dabalataa hin qabu.

8. Maatichi qonnaa ni qota taanaan yeroo ammaatti maarashaa qabaa?
- A. Hin qotu
  - B. Ni qota, garuu maarashaa hin qabu
  - C. Ni qota, maarashaas qaba

Akka Qajeelfamicha irratti ibsametti, gaaffiin kun maatichi hojii qonnaa kan hojjetu ta'uu isaa gaafata.

Qajeelfamicha irratti akka ibsametti maarashichi kan aadaa ykn kan ammayyaa ta'uu danda'a.

Agarsiistuun kun kutaa lamatti qoodamee gaafatamuu qaba. Jalqaba “Maatichi qonnaa ni qotaa?” jedhii gaafadhu. Deebiin isaa Lakki kan jedhu taanaan “A. Hin qotu” isa jedhutti mallattoo godhi; gaaffii isa lammaffaas hin gaafatin.

Maatichi qonnaa kan qotu taanaan (jechuunis deebiin gaaffii jalqabaa “Ni qota” kan jedhu yoo ta'e) kutaa lammaffaa gaaffichaa gaafadhu: “Maatichi yeroo ammaatti maarshaa qabaa?” Achiis akka armaan gadiitti deebii isaatti mallattoo godhi:

- Maatichi maarashaa hin qabu taanaan, “B. Ni qota garuu maarashaa hin qabu” isa jedhutti mallattoo godhi.
- Maatichi maarashaa tokko ykn isaa ol yoo qabaate, “C. Ni qota, maarashaas qaba” isa jedhutti mallattoo godhi.

Maatichi qonnaa ni qotaa?	Maatichi yeroo ammaatti maarashaa qabaa?	Deebii
Lakki	Lakki	A
Lakki	Eeyyee	A
Eeyyee	Lakki	B
Eeyyee	Eeyyee	C

Maarashaan meeshaa qonnaa lafa qotuuf gargaaru qofa argisiisa. Horii (kan akka sangaafi harree) ykn tiraaktara maarashicha harkisuuf oolu h in argisiisu. Fakkeenyaaf, maatiin qonnaa qotuufi maarashaa qabu, garuu tiraaktaras ta'e horii maarashaa ittiin harkisu hin qabne “C. Ni qota, maarashaas qaba” jedhame galmeeffama.

**Chaartii 1: Sararoota hiyyummaa biyyaalessaa, hamma hiyyummaafi saamudaa A.L.A. bara 2010/11 Sadarkaa maatiifi uummataatti guutummaa Itoophiyaatiif qophaa'eefi saamudoota qindeessuufi safaruuf gargaaru**

Naannoo	Sarara ykn	Maatii ykn	Maatii kan qoratame	Sararoota hiyyummaafi (Birrii/nama ga'eessa/guyyaa) hamma hiyyummaa (%)			
	Hamma	Hiyyummaa		Nyaata	100%	150%	200%
<b>Guutummaa Itoophiyaa</b>							
	Sarara	Hiyyummaa		5.10	10.34	15.50	20.67
	Hamma	Maatii	24,261	2.4	23.4	54.5	74.9
	Hamma	Hiyyummaa		3.5	29.6	63.1	82.2
<b>Qindeessuufi sirrii ta'uu isaa mirkaneessuu</b> (Agarsiistotaafi qabxiilee filachuu, akkasumas scores saaxilama hiyyummaa wajjin walbira qabuu)							
	Hamma	Maatii	12,105	2.5	23.5	54.5	74.9
<b>Safaruu</b> (Sirrii ta'uu isaa mirkaneessuu)							
	Hamma	Maatii	12,156	2.4	23.3	54.4	74.9

Madda: Qorannoo Galii, Itti Fayyadama Wantoota Garaagaraafi Baasii Maatiiwwan 2010/11 (A.L.A.).

Sararoota hiyyummaa Mudde 2010 (A.L.A.) gatii gidduu galeessaatiin birrii namni ga'eesssi guyyaatti guutummaa Itoophiyaa keessatti argatuun shallagaman.

**Chaaftii 1: Sararoota hiyyummaa walqixxaachuu dandeettii bituu biyyoolessaa A.L.A. 2005 fi 2011, hamma hiyyummaafi saamudaa A.L.A. bara 2010/11 Sadarkaa maatiifi uummataatti guutummaa Itoophiyaatiif qophaa'eefi saamudoota qindeessuufi safaruuf gargaaru**

Naannoo	Sarara ykn Hamma	Maatii ykn Hiyyummaa	Maatii kan qoratame	Sararoota hiyyummaafi (Birrii/nama tokko/guyyaa) hamma hiyyummaa (%)									
				Sararoota hiyyummaa PPP 2005					Sararoota hiyyummaa PPP 2011				
				\$1.00	\$1.25	\$1.75	\$2.00	\$2.50	\$5.00	\$1.90	\$3.10	\$3.80	\$4.00
<b>Guutummaa Itoophiyaa</b>													
	Sarara	Hiyyummaa		6.67	8.33	11.67	13.34	16.67	33.34	8.53	13.92	17.07	17.97
	Hamma	Maatii	24,261	13.8	26.0	51.5	61.9	76.2	95.5	27.5	65.2	77.5	80.0
	Hamma	Hiyyummaa		18.1	32.6	60.3	70.5	83.4	98.0	34.3	73.7	84.6	86.7
<b>Qindeessuufi sirrii ta'uu isaa mirkaneessuu</b> (Agarsiistotaafi qabxiilee filachuu, akkasumas scores saaxilama hiyyummaa wajjin walbira qabuu)													
	Hamma	Maatii	12,105	13.8	26.1	51.7	61.9	76.1	95.5	27.5	65.2	77.5	80.0
<b>Safaruu</b> (Sirrii ta'uu isaa mirkaneessuu)													
	Hamma	Maatii	12,156	13.8	25.9	51.3	61.9	76.2	95.4	27.5	65.3	77.5	79.9

Madda: Qorannoo Galii, Itti Fayyadama Wantoota Garaagaraafi Baasii Maatiiwwan 2010/11 (A.L.A.).

Sararoota hiyyummaa Mudde 2010 (A.L.A.) gatii gidduu galeessaatiin birrii par-kaappitaa guyyaatiin shallagaman.

**Chaartii 1: Sararoota walbira qabuudhaaniifi dhibbeentaadhaan shallagaman, hamma hiyyummaafi saamudaa A.L.A. bara 2010/11 sadarkaa maatiifi uummataatti guutummaa Itoophiyaatiif qophaa'eefi saamudoota qindeessuufi safaruuf gargaaru**

Naannoo	Sarara ykn	Maatii ykn	Maatii kan qoratame	Sararoota hiyyummaafi (Birrii/nama tokko/guyyaa) hamma hiyyummaa (%)					
				Hiyyeeyyii hiyyummaa hammaataa keessa jiran keessaa walakkaa 100% sarara hiyyummaa biyyaalessaa gadi	Sararoota dhibbeentaadhaan shallagaman				
					20 <sup>ffaa</sup>	40 <sup>ffaa</sup>	50 <sup>ffaa</sup>	60 <sup>ffaa</sup>	80 <sup>ffaa</sup>
<b>Guutummaa Itoophiyaa</b>									
	Sarara	Hiyyummaa		6.68	7.46	9.91	11.09	12.56	16.78
	Hamma	Maatii	24,261	11.0	15.3	32.6	41.7	51.4	72.4
	Hamma	Hiyyummaa		14.7	19.9	40.0	50.0	60.1	80.3
<b>Qindeessuufi sirrii ta'uu isaa mirkaneessuu</b> (Agarsiistotaafi qabxiilee filachuu, akkasumas scores saaxilama hiyyummaa wajjin walbira qabuu)									
	Hamma	Maatii	12,105	11.1	15.3	32.7	41.6	51.6	72.5
<b>Safaruu</b> (Sirrii ta'uu isaa mirkaneessuu)									
	Hamma	Maatii	12,156	10.9	15.3	32.5	41.8	51.2	72.4

Madda: Qorannoo Galii, Itti Fayyadama Wantoota Garaagaraafi Baasii Maatiiwwan 2010/11 (A.L.A.).

Sararoota hiyyummaa Mudde 2010 (A.L.A.) gatii gidduu galeessaatiin birrii par-kaappitaa guyyaatiin shallagaman.

**Chaartii 2: (Guutummaa Itoophiyaa): Sarara hiyyummaafi hamma hiyyummaa biyyaalessaa maatiifi uummataa magaalaa/baadiyaa/hunda bara 2010/11 (A.L.A.)**

Naannoo	Bara	Maatii/Hiyyummaa	<i>n</i>	Sararoota hiyyummaafi (Birrii/nama ga'eessa/guyyaa) hamma hiyyummaa (%)			
				Nyaata	100%	150%	200%
Magaalaa	2010/11	Maatii	14,939	6.55	13.29	19.93	26.57
		Hiyyummaa (Sarara)		2.0	18.7	41.8	59.3
		Hiyyummaa (Hamma)		3.2	26.1	53.3	70.7
Baadiyaa	2010/11	Maatii	9,322	4.82	9.76	14.64	19.52
		Hiyyummaa (Sarara)		2.5	24.6	57.7	79.0
		Hiyyummaa (Hamma)		3.6	30.3	65.0	84.5
Hunda	2010/11	Maatii	24,261	5.10	10.34	15.51	20.67
		Hiyyummaa (Sarara)		2.4	23.4	54.5	74.9
		Hiyyummaa (Hamma)		3.5	29.6	63.1	82.2

Maddaafi hiikawwan: Chaartii 1 fi barreeffama ilaali.



**Chartii 2: (Guutummaa Itoophiyaa): Sarara hiyyummaa walqixxaachuu dandeettii bituu biyyoolessaa A.L.A. 2005 fi 2011 fi hamma hiyyummaa maatiifi ummataa magaalaa/baadiyaa/hunda bara 2010/11 (A.L.A)**

Naannoo	Bara	Maatii/Hiyyummaa	n	Sararoota hiyyummaafi (Birrii/nama tokko/guyyaa) hamma hiyyummaa (%)									
				Sararoota hiyyummaa PPP 2005						Sararoota hiyyummaa PPP 2011			
				\$1.00	\$1.25	\$1.75	\$2.00	\$2.50	\$5.00	\$1.90	\$3.10	\$3.80	\$4.00
Magaalaa	2010/11	Maatii	14,939	8.57	10.71	15.00	17.14	21.42	42.85	10.97	17.90	21.94	23.09
		Hiyyummaa (Sarara)		10.7	19.6	37.8	45.9	58.5	86.7	20.6	48.3	59.6	62.6
		Hiyyummaa (Hamma)		15.7	27.0	48.7	57.8	70.5	93.5	28.4	60.3	71.6	74.4
Baadiyyaa	2010/11	Maatii	9,322	6.30	7.87	11.02	12.59	15.74	31.48	8.06	13.15	16.12	16.97
		Hiyyummaa (Sarara)		14.6	27.7	55.1	66.1	80.8	97.7	29.3	69.6	82.1	84.5
		Hiyyummaa (Hamma)		18.6	33.7	62.5	73.0	85.9	98.9	35.4	76.3	87.1	89.1
Hunda	2010/11	Maatii	24,261	6.67	8.33	11.67	13.33	16.67	33.34	8.53	13.92	17.07	17.97
		Hiyyummaa (Sarara)		13.8	26.0	51.5	61.9	76.2	95.5	27.5	65.2	77.5	80.0
		Hiyyummaa (Hamma)		18.1	32.6	60.3	70.5	83.4	98.0	34.3	73.7	84.6	86.7

Maddaafi hiikawwan: Chartii 1 fi barreeffama ilaali.

**Chartii 2: (Guutummaa Itoophiyaa): Sararoota hiyyummaa walbira qabuudhaaniifi dhibbeentaadhaan shallagaman, akkasumas hamma hiyyummaa maatiifi ummataa magaalaa/baadiyaa/hunda bara 2010/11( A.L.A)**

Naannoo	Bara	Maatii/Hiyyummaa	n	Sararoota hiyyummaafi (Birrii/nama tokko/guyyaa) hamma hiyyummaa (%)						
				Hiyyeeyyii hiyyummaa hammaataa keessa jiran keessaa walakkaa		Sararoota dhibbeentaadhaan shallagaman				
				100% sarara hiyyummaa biyyaalessaa gadi		20 <sup>ffaa</sup>	40 <sup>ffaa</sup>	50 <sup>ffaa</sup>	60 <sup>ffaa</sup>	80 <sup>ffaa</sup>
Magaalaa	2010/11	Maatii		4.01		4.47	5.95	6.65	7.54	10.07
		Hiyyummaa (Sarara)	14,939	8.4		11.9	24.4	30.7	37.6	54.5
		Hiyyummaa (Hamma)		12.4		17.2	32.9	40.4	48.5	66.5
Baadiyaa	2010/11	Maatii		7.20		8.04	10.68	11.95	13.54	18.09
		Hiyyummaa (Sarara)	9,322	11.7		16.2	34.8	44.6	54.9	77.1
		Hiyyummaa (Hamma)		15.2		20.5	41.3	51.9	62.4	82.9
Hunda	2010/11	Maatii		6.68		7.46	9.91	11.09	12.56	16.78
		Hiyyummaa (Sarara)	24,261	11.0		15.3	32.6	41.7	51.4	72.4
		Hiyyummaa (Hamma)		14.7		19.9	40.0	50.0	60.1	80.3

Maddaafi hiikawwan: Chartii 1 fi barreeffama ilaali.

**Chaartii 2: (Tigraayi): Sarara hiyyummaafi hamma hiyyummaa biyyaalessaa maatiifi uummataa magaalaa/baadiyaa/hunda bara 2010/11 (A.L.A.)**

Naannoo	Bara	Sararoota hiyyummaafi (Birrii/nama ga'eessa/guyyaa) hamma hiyyummaa (%)					
		Maatii/Hiyyummaa	<i>n</i>	Sararoota hiyyummaa biyyaalessaa			
				Nyaata	100%	150%	200%
Magaalaa	2010/11	Maatii		6.04	12.25	18.37	24.50
		Hiyyummaa (Sarara)	1,016	0.5	10.7	26.9	45.1
		Hiyyummaa (Hamma)		0.9	14.8	35.7	56.3
Baadiyaa	2010/11	Maatii		5.41	10.96	16.44	21.92
		Hiyyummaa (Sarara)	1,034	1.9	30.2	65.0	83.6
		Hiyyummaa (Hamma)		2.7	37.5	73.9	89.4
Hunda	2010/11	Maatii		5.54	11.23	16.85	22.46
		Hiyyummaa (Sarara)	2,050	1.5	25.0	54.9	73.5
		Hiyyummaa (Hamma)		2.3	32.8	65.9	82.5

Maddaafi hiikawwan: Chaartii 1 fi barreeffama ilaali.

**Chaartii 2: (Tigraayi): Sarara hiyyummaa walqixxaachuu dandeettii bituu biyyoolessaa A.L.A. 2005 fi 2011 fi hamma hiyyummaa maatiifi ummataa magaalaa/baadiyaa/hunda bara 2010/11 (A.L.A)**

Naannoo	Bara	Maatii/Hiyyummaa	n	Sararoota hiyyummaafi (Birrii/nama tokko/guyyaa) hamma hiyyummaa (%)									
				Sararoota hiyyummaa PPP 2005						Sararoota hiyyummaa PPP 2011			
				\$1.00	\$1.25	\$1.75	\$2.00	\$2.50	\$5.00	\$1.90	\$3.10	\$3.80	\$4.00
Magaalaa	2010/11	Maatii	1,016	7.90	9.88	13.83	15.80	19.75	39.51	10.11	16.50	20.23	21.29
		Hiyyummaa (Sarara)		6.3	11.8	26.0	33.6	47.2	80.9	12.5	36.5	47.7	51.4
		Hiyyummaa (Hamma)		9.1	15.9	34.1	42.8	57.7	89.4	16.9	45.6	58.2	62.3
Baadiyyaa	2010/11	Maatii	1,034	7.07	8.84	12.37	14.14	17.68	35.35	9.05	14.77	18.10	19.05
		Hiyyummaa (Sarara)		19.2	32.8	62.9	71.6	85.6	97.8	34.3	74.1	86.4	88.6
		Hiyyummaa (Hamma)		24.2	39.8	71.1	79.8	90.4	98.9	41.8	82.0	91.0	92.8
Hunda	2010/11	Maatii	2,050	7.24	9.06	12.68	14.49	18.11	36.22	9.27	15.13	18.54	19.52
		Hiyyummaa (Sarara)		15.8	27.2	53.2	61.5	75.4	93.3	28.6	64.2	76.2	78.7
		Hiyyummaa (Hamma)		21.1	34.8	63.4	72.1	83.6	96.9	36.6	74.4	84.2	86.4

Maddaafi hiikawwan: Chaartii 1 fi barreeffama ilaali.

**Chartii 2: (Tigraayi): Sararoota hiyyummaa walbira qabuudhaaniifi dhibbeentaadhaan shallagaman, akkasumas hamma hiyyummaa maatiifi ummataa magaalaa/baadiyaa/hunda bara 2010/11 (A.L.A)**

Naannoo	Bara	Maatii/Hiyyummaa	n	Sararoota hiyyummaafi (Birrii/nama tokko/guyyaa) hamma hiyyummaa (%)					
				Hiyyeeyyii hiyyummaa hammaataa keessa jiran keessaa walakkaa	Sararoota dhibbeentaadhaan shallagaman				
				100% sarara hiyyummaa biyyaalessaa gadi	20ffaa	40ffaa	50ffaa	60ffaa	80ffaa
Magaalaa	2010/11	Maatii	1,016	4.65	5.19	6.90	7.72	8.75	11.69
		Hiyyummaa (Sarara)		4.4	6.8	14.1	19.5	25.6	43.3
		Hiyyummaa (Hamma)		6.5	9.6	19.3	26.0	33.9	53.4
Baadiyaa	2010/11	Maatii	1,034	5.55	6.20	8.24	9.22	10.45	13.96
		Hiyyummaa (Sarara)		14.6	21.4	40.9	51.5	62.8	81.3
		Hiyyummaa (Hamma)		18.4	26.8	49.3	60.2	71.1	87.6
Hunda	2010/11	Maatii	2,050	5.37	5.99	7.96	8.91	10.10	13.48
		Hiyyummaa (Sarara)		11.9	17.5	33.8	43.1	53.0	71.3
		Hiyyummaa (Hamma)		15.9	23.2	43.0	53.1	63.3	80.5

Maddaafi hiikawwan: Chartii 1 fi barreeffama ilaali.

**Chaartii 2: (Affaar): Sarara hiyyummaafi hamma hiyyummaa biyyaalessaa maatiifi uummataa magaalaa/baadiyaa/hunda bara 2010/11 (A.L.A.)**

Naannoo	Bara	Maatii/Hiyyummaa	<i>n</i>	Sararoota hiyyummaafi (Birrii/nama ga'eessa/guyyaa) hamma hiyyummaa (%)			
				Nyaata	100%	150%	200%
Magaalaa	2010/11	Maatii	647	5.74	11.64	17.46	23.28
		Hiyyummaa (Sarara)		0.4	16.1	39.6	58.2
		Hiyyummaa (Hamma)		0.6	24.3	52.8	71.0
Baadiyaa	2010/11	Maatii	506	5.14	10.42	15.63	20.84
		Hiyyummaa (Sarara)		4.1	34.8	64.3	83.3
		Hiyyummaa (Hamma)		6.4	43.4	73.3	90.1
Hunda	2010/11	Maatii	1,153	5.31	10.77	16.15	21.53
		Hiyyummaa (Sarara)		2.8	28.3	55.8	74.6
		Hiyyummaa (Hamma)		4.7	38.0	67.5	84.7

Maddaafi hiikawwan: Chaartii 1 fi barreeffama ilaali.

**Chartii 2: (Affaar): Sarara hiyyummaa walqixxaachuu dandeettii bituu biyyoolessaa A.L.A. 2005 fi 2011 fi hamma hiyyummaa maatiifi ummataa magaalaa/baadiyaa/hunda bara 2010/11 (A.L.A)**

Naannoo	Bara	Maatii/Hiyyummaa	n	Sararoota hiyyummaafi (Birrii/nama tokko/guyyaa) hamma hiyyummaa (%)									
				Sararoota hiyyummaa PPP 2005						Sararoota hiyyummaa PPP 2011			
				\$1.00	\$1.25	\$1.75	\$2.00	\$2.50	\$5.00	\$1.90	\$3.10	\$3.80	\$4.00
Magaalaa	2010/11	Maatii	647	7.51	9.38	13.14	15.01	18.77	37.53	9.61	15.68	19.22	20.23
		Hiyyummaa (Sarara)		7.6	15.1	34.8	44.0	58.6	86.3	16.6	46.1	60.8	63.3
		Hiyyummaa (Hamma)		12.8	23.7	48.7	57.9	71.5	93.7	26.0	59.8	74.4	76.2
Baadiyaa	2010/11	Maatii	506	6.72	8.40	11.76	13.44	16.80	33.60	8.60	14.04	17.21	18.11
		Hiyyummaa (Sarara)		20.5	34.5	60.0	70.1	83.6	99.1	35.8	73.5	84.0	85.5
		Hiyyummaa (Hamma)		27.3	43.4	70.2	80.0	91.4	99.8	44.7	82.9	91.6	92.5
Hunda	2010/11	Maatii	1,153	6.94	8.68	12.15	13.89	17.36	34.72	8.89	14.50	17.78	18.71
		Hiyyummaa (Sarara)		16.1	27.8	51.3	61.1	75.0	94.7	29.2	64.0	76.0	77.8
		Hiyyummaa (Hamma)		23.2	37.8	64.1	73.7	85.8	98.0	39.4	76.4	86.7	87.8

Maddaafi hiikawwan: Chartii 1 fi barreeffama ilaali.

**Chartii 2: (Affaar): Sararoota hiyyummaa walbira qabuudhaaniifi dhibbeentaadhaan shallagaman, akkasumas hamma hiyyummaa maatiifi ummataa magaalaa/baadiyaa/hunda bara 2010/11 (A.L.A)**

Naannoo	Bara	Maatii/Hiyyummaa	n	Sararoota hiyyummaafi (Birrii/nama tokko/guyyaa) hamma hiyyummaa (%)						
				Hiyyeeyyii hiyyummaa hammaataa keessa jiran keessaa walakkaa		Sararoota dhibbeentaadhaan shallagaman				
				100% sarara hiyyummaa biyyaalessaa gadi		20ffaa	40ffaa	50ffaa	60ffaa	80ffaa
Magaalaa	2010/11	Maatii	647	5.02		5.61	7.45	8.34	9.45	12.62
		Hiyyummaa (Sarara)		5.4		9.1	19.5	24.9	34.8	52.1
		Hiyyummaa (Hamma)		9.4		15.1	29.1	37.1	48.7	65.4
Baadiyaa	2010/11	Maatii	506	6.14		6.86	9.11	10.19	11.55	15.43
		Hiyyummaa (Sarara)		16.9		21.9	40.0	50.1	59.3	79.6
		Hiyyummaa (Hamma)		23.3		28.8	48.6	59.0	69.2	88.1
Hunda	2010/11	Maatii	1,153	5.82		6.50	8.64	9.67	10.95	14.63
		Hiyyummaa (Sarara)		12.9		17.5	32.9	41.4	50.9	70.1
		Hiyyummaa (Hamma)		19.3		25.0	43.1	52.8	63.4	81.6

Maddaafi hiikawwan: Chartii 1 fi barreeffama ilaali.



**Chaartii 2: (Amaaraa): Sarara hiyyummaafi hamma hiyyummaa biyyaalessaa maatiifi uummataa magaalaa/baadiyaa/hunda bara 2010/11 (A.L.A.)**

Naannoo	Bara	Maatii/Hiyyummaa	<i>n</i>	Sararoota hiyyummaafi (Birrii/nama ga'eessa/guyyaa) hamma hiyyummaa (%)			
				Sararoota hiyyummaa biyyaalessaa			
				Nyaata	100%	150%	200%
Magaalaa	2010/11	Maatii		6.78	13.75	20.62	27.50
		Hiyyummaa (Sarara)	2,526	3.1	21.3	44.6	61.5
		Hiyyummaa (Hamma)		4.5	28.6	55.4	72.0
Baadiyaa	2010/11	Maatii		4.58	9.28	13.92	18.56
		Hiyyummaa (Sarara)	1,827	1.2	24.4	55.9	76.4
		Hiyyummaa (Hamma)		1.6	30.7	64.2	82.9
Hunda	2010/11	Maatii		4.83	9.80	14.70	19.59
		Hiyyummaa (Sarara)	4,353	1.5	23.9	54.2	74.0
		Hiyyummaa (Hamma)		2.0	30.5	63.2	81.7

Maddaafi hiikawwan: Chaartii 1 fi barreeffama ilaali.

**Chaartii 2: (Amaaraa): Sarara hiyyummaa walqixxaachuu dandeettii bituu biyyoolessaa A.L.A. 2005 fi 2011 fi hamma hiyyummaa maatiifi ummataa magaalaa/baadiyaa/hunda bara 2010/11 (A.L.A)**

Naannoo	Bara	Maatii/Hiyyummaa	n	Sararoota hiyyummaafi (Birrii/nama tokko/guyyaa) hamma hiyyummaa (%)									
				Sararoota hiyyummaa PPP 2005						Sararoota hiyyummaa PPP 2011			
				\$1.00	\$1.25	\$1.75	\$2.00	\$2.50	\$5.00	\$1.90	\$3.10	\$3.80	\$4.00
Magaalaa	2010/11	Maatii		8.87	11.09	15.52	17.74	22.17	44.34	11.35	18.52	22.70	23.90
		Hiyyummaa (Sarara)	2,526	11.5	23.1	39.9	48.3	60.0	86.8	24.2	50.2	61.1	64.1
		Hiyyummaa (Hamma)		16.1	30.5	50.0	59.2	71.0	93.1	31.9	61.4	72.2	75.1
Baadiyyaa	2010/11	Maatii		5.99	7.48	10.48	11.97	14.97	29.93	7.66	12.50	15.33	16.13
		Hiyyummaa (Sarara)	1,827	13.7	26.6	52.3	63.0	78.5	97.3	28.3	67.3	79.9	82.2
		Hiyyummaa (Hamma)		17.8	33.2	60.8	71.2	84.7	98.7	35.0	75.2	85.9	87.8
Hunda	2010/11	Maatii		6.32	7.90	11.06	12.64	15.80	31.60	8.09	13.20	16.18	17.03
		Hiyyummaa (Sarara)	4,353	13.4	26.0	50.3	60.7	75.6	95.6	27.6	64.6	76.9	79.3
		Hiyyummaa (Hamma)		17.6	32.9	59.6	69.8	83.1	98.0	34.6	73.6	84.3	86.3

Maddaafi hiikawwan: Chaartii 1 fi barreeffama ilaali.

**Chartii 2: (Amaaraa): Sararoota hiyyummaa walbira qabuudhaaniifi dhibbeentaadhaan shallagaman, akkasumas hamma hiyyummaa maatiifi ummataa magaalaa/baadiyaa/hunda bara 2010/11 (A.L.A)**

Naannoo	Bara	Maatii/Hiyyummaa	n	Sararoota hiyyummaafi (Birrii/nama tokko/guyyaa) hamma hiyyummaa (%)						
				Hiyyeeyyii hiyyummaa hammaataa keessa jiran keessaa walakkaa		Sararoota dhibbeentaadhaan shallagaman				
				100% sarara hiyyummaa biyyaalessaa gadi		20ffaa	40ffaa	50ffaa	60ffaa	80ffaa
Magaalaa	2010/11	Maatii		3.60		4.03	5.35	5.99	6.78	9.06
		Hiyyummaa (Sarara)	2,526	9.3		13.2	28.0	33.5	39.7	56.2
		Hiyyummaa (Hamma)		12.9		18.4	36.2	42.8	49.8	67.5
Baadiyaa	2010/11	Maatii		7.94		8.87	11.78	13.18	14.94	19.95
		Hiyyummaa (Sarara)	1,827	10.2		14.9	33.4	42.1	51.9	74.5
		Hiyyummaa (Hamma)		13.5		19.2	40.6	50.3	60.4	81.3
Hunda	2010/11	Maatii		7.44		8.31	11.04	12.35	14.00	18.69
		Hiyyummaa (Sarara)	4,353	10.1		14.6	32.5	40.7	50.0	71.7
		Hiyyummaa (Hamma)		13.5		19.1	40.1	49.4	59.2	79.7

Maddaafi hiikawwan: Chartii 1 fi barreeffama ilaali.

**Chaartii 2: (Oromiyaa): Sarara hiyyummaafi hamma hiyyummaa biyyaalessaa maatiifi uummataa magaalaa/baadiyaa/hunda bara 2010/11 (A.L.A.)**

Naannoo	Bara	Maatii/Hiyyummaa	<i>n</i>	Sararoota hiyyummaafi (Birrii/nama ga'eessa/guyyaa) hamma hiyyummaa (%)			
				Nyaata	Sararoota hiyyummaa biyyaalessaa		
					100%	150%	200%
Magaalaa	2010/11	Maatii		5.99	12.15	18.22	24.30
		Hiyyummaa (Sarara)	2,977	2.0	17.7	41.5	59.1
		Hiyyummaa (Hamma)		3.3	25.7	53.4	70.5
Baadiyaa	2010/11	Maatii		5.02	10.17	15.26	20.34
		Hiyyummaa (Sarara)	2,102	2.3	23.9	56.3	78.8
		Hiyyummaa (Hamma)		3.2	29.3	63.4	84.3
Hunda	2010/11	Maatii		5.15	10.43	15.65	20.87
		Hiyyummaa (Sarara)	5,079	2.2	22.8	53.7	75.4
		Hiyyummaa (Hamma)		3.2	28.8	62.1	82.5

Maddaafi hiikawwan: Chaartii 1 fi barreeffama ilaali.

**Chartii 2: (Oromiyaa): Sarara hiyyummaa walqixxaachuu dandeettii bituu biyyoolessaa A.L.A. 2005 fi 2011 fi hamma hiyyummaa maatiifi ummataa magaalaa/baadiyaa/hunda bara 2010/11 (A.L.A)**

Naannoo	Bara	Maatii/Hiyyummaa	n	Sararoota hiyyummaafi (Birrii/nama tokko/guyyaa) hamma hiyyummaa (%)									
				Sararoota hiyyummaa PPP 2005						Sararoota hiyyummaa PPP 2011			
				\$1.00	\$1.25	\$1.75	\$2.00	\$2.50	\$5.00	\$1.90	\$3.10	\$3.80	\$4.00
Magaalaa	2010/11	Maatii		7.84	9.79	13.71	15.67	19.59	39.18	10.03	16.36	20.06	21.11
		Hiyyummaa (Sarara)	2,977	11.3	19.4	37.6	45.7	57.7	86.5	20.6	48.0	58.7	61.4
		Hiyyummaa (Hamma)		17.4	27.9	49.0	58.1	69.9	93.0	29.3	60.7	70.9	73.6
Baadiyaa	2010/11	Maatii		6.56	8.20	11.48	13.12	16.40	32.80	8.40	13.70	16.79	17.68
		Hiyyummaa (Sarara)	2,102	13.8	27.0	54.3	65.7	80.6	98.0	28.5	69.2	82.1	84.7
		Hiyyummaa (Hamma)		17.5	32.6	61.5	72.6	85.8	99.2	34.3	76.1	87.1	89.4
Hunda	2010/11	Maatii		6.73	8.41	11.78	13.46	16.82	33.65	8.61	14.05	17.23	18.13
		Hiyyummaa (Sarara)	5,079	13.4	25.7	51.4	62.2	76.6	96.0	27.1	65.5	78.0	80.6
		Hiyyummaa (Hamma)		17.5	32.0	59.8	70.7	83.7	98.4	33.6	74.0	85.0	87.3

Maddaafi hiikawwan: Chartii 1 fi barreeffama ilaali.

**Chartii 2: (Oromiyaa): Sararoota hiyyummaa walbira qabuudhaaniifi dhibbeentaadhaan shallagaman, akkasumas hamma hiyyummaa maatiifi ummataa magaalaa/baadiyaa/hunda bara 2010/11 (A.L.A)**

Naannoo	Bara	Maatii/Hiyyummaa	n	Sararoota hiyyummaafi (Birrii/nama tokko/guyyaa) hamma hiyyummaa (%)						
				Hiyyeeyyii hiyyummaa hammaataa keessa jiran keessaa walakkaa		Sararoota dhibbeentaadhaan shallagaman				
				100% sarara hiyyummaa biyyaalessaa gadi		20ffaa	40ffaa	50ffaa	60ffaa	80ffaa
Magaalaa	2010/11	Maatii	2,977	4.62		5.16	6.86	7.68	8.70	11.61
		Hiyyummaa (Sarara)		8.7		12.4	24.4	30.4	37.5	53.8
		Hiyyummaa (Hamma)		13.6		18.9	33.5	40.4	48.9	66.1
Baadiyaa	2010/11	Maatii	2,102	6.53		7.29	9.68	10.84	12.28	16.40
		Hiyyummaa (Sarara)		11.2		15.7	33.7	43.5	54.2	77.1
		Hiyyummaa (Hamma)		14.4		19.6	40.0	50.5	61.4	83.0
Hunda	2010/11	Maatii	5,079	6.27		7.01	9.31	10.42	11.80	15.76
		Hiyyummaa (Sarara)		10.8		15.1	32.1	41.2	51.3	73.0
		Hiyyummaa (Hamma)		14.3		19.5	39.1	49.1	59.7	80.7

Maddaafi hiikawwan: Chartii 1 fi barreeffama ilaali.

**Chaartii 2: (Sumaalee): Sarara hiyyummaafi hamma hiyyummaa biyyaalessaa maatiifi uummataa magaalaa/baadiyaa/hunda bara 2010/11 (A.L.A.)**

Naannoo	Bara	Maatii/Hiyyummaa	<i>n</i>	Sararoota hiyyummaafi (Birrii/nama ga'eessa/guyyaa) hamma hiyyummaa (%)			
				Sararoota hiyyummaa biyyaalessaa			
				Nyaata	100%	150%	200%
Magaalaa	2010/11	Maatii		6.55	13.28	19.91	26.55
		Hiyyummaa (Sarara)	939	2.7	21.2	45.0	61.2
		Hiyyummaa (Hamma)		4.1	27.5	57.5	74.6
Baadiyaa	2010/11	Maatii		5.47	11.09	16.64	22.18
		Hiyyummaa (Sarara)	470	2.7	26.6	58.8	78.2
		Hiyyummaa (Hamma)		3.8	34.0	67.5	84.4
Hunda	2010/11	Maatii		5.70	11.55	17.32	23.09
		Hiyyummaa (Sarara)	1,409	2.7	25.5	55.8	74.6
		Hiyyummaa (Hamma)		3.9	32.6	65.4	82.3

Maddaafi hiikawwan: Chaartii 1 fi barreeffama ilaali.

**Chartii 2: (Sumaalee): Sarara hiyyummaa walqixxaachuu dandeettii bituu biyyoolessaa A.L.A. 2005 fi 2011 fi hamma hiyyummaa maatiifi ummataa magaalaa/baadiyaa/hunda bara 2010/11 (A.L.A.)**

Naannoo	Bara	Maatii/Hiyyummaa	<i>n</i>	Sararoota hiyyummaafi (Birrii/nama tokko/guyyaa) hamma hiyyummaa (%)									
				Sararoota hiyyummaa PPP 2005						Sararoota hiyyummaa PPP 2011			
				\$1.00	\$1.25	\$1.75	\$2.00	\$2.50	\$5.00	\$1.90	\$3.10	\$3.80	\$4.00
Magaalaa	2010/11	Maatii		8.56	10.70	14.98	17.13	21.41	42.81	10.96	17.88	21.92	23.07
		Hiyyummaa (Sarara)	939	12.9	25.1	42.9	50.8	65.5	91.9	25.8	53.2	66.7	70.3
		Hiyyummaa (Hamma)		17.4	31.8	54.4	64.1	78.5	97.2	32.7	66.8	79.7	83.0
Baadiyaa	2010/11	Maatii		7.15	8.94	12.52	14.31	17.89	35.77	9.16	14.94	18.31	19.28
		Hiyyummaa (Sarara)	470	16.9	29.1	56.9	67.2	80.8	97.7	31.3	68.9	82.1	85.3
		Hiyyummaa (Hamma)		23.1	37.3	65.5	75.2	86.5	99.1	39.2	76.6	87.7	90.7
Hunda	2010/11	Maatii		7.45	9.31	13.03	14.90	18.62	37.24	9.53	15.55	19.07	20.07
		Hiyyummaa (Sarara)	1,409	16.0	28.3	53.9	63.7	77.5	96.5	30.1	65.5	78.8	82.1
		Hiyyummaa (Hamma)		21.9	36.1	63.1	72.9	84.9	98.8	37.9	74.5	86.0	89.1

Maddaafi hiikawwan: Chartii 1 fi barreeffama ilaali.



**Chartii 2: (Sumaalee): Sararoota hiyyummaa walbira qabuudhaaniifi dhibbeentaadhaan shallagaman, akkasumas hamma hiyyummaa maatiifi ummataa magaalaa/baadiyaa/hunda bara 2010/11 (A.L.A.)**

Naannoo	Bara	Maatii/Hiyyummaa	n	Sararoota hiyyummaafi (Birrii/nama tokko/guyyaa) hamma hiyyummaa (%)						
				Hiyyeeyyii hiyyummaa hammaataa keessa jiran keessaa walakkaa		Sararoota dhibbeentaadhaan shallagaman				
				100% sarara hiyyummaa biyyaalessaa gadi		20ffaa	40ffaa	50ffaa	60ffaa	80ffaa
Magaalaa	2010/11	Maatii		4.09		4.57	6.07	6.79	7.70	10.28
		Hiyyummaa (Sarara)	939	10.3		13.9	29.2	36.6	42.8	61.7
		Hiyyummaa (Hamma)		14.1		18.5	37.0	46.2	54.3	74.9
Baadiyaa	2010/11	Maatii		5.50		6.14	8.16	9.13	10.34	13.82
		Hiyyummaa (Sarara)	470	13.5		18.4	37.3	48.6	56.7	76.2
		Hiyyummaa (Hamma)		18.7		25.0	45.2	56.5	65.3	82.6
Hunda	2010/11	Maatii		5.20		5.81	7.72	8.64	9.79	13.08
		Hiyyummaa (Sarara)	1,409	12.8		17.4	35.6	46.0	53.7	73.1
